Dhaabbadhuu salaati, yoo hin dandeenye taa'ii salaati, yoo hin dandeenye cinaacha kee irratti hirkadhuu salaati

Imraan ibnu Husayn irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: kintaarootiin wohii waan natti tureef akkaataa salaataa irraa Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- gaafadhe, isaanis akkana jedhani: «Dhaabbadhuu salaati, yoo hin dandeenye taa'ii salaati, yoo hin dandeenye cinaacha kee irratti hirkadhuu salaati».

[sirrii] [Bukhaariitu gabaase]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- salaata keessatti bu'uurri dhaabbii akka ta'e ifa galchani, haala dandeettii dhabeen yoo ta'e malee yeroo sana taa'ee salaata, yoo taa'ee salaatuu hin dandeenye cinaacha isaa irratti hirkatee salaatuu danda'a.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/10951